Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate



Daani'eel fi Boolla Leenca

Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Jonathan Hay

Kan dagaagsame: Mary-Anne S.

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2024 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Daariyoos mootii Babiloon isa haaraa ture. Nama gamnummaa qabuudha. Bulchiinsa mootummaa isaa akka gargaaraniif namoota baayyee filatamoo ta'an dhibbaa fi diddama filate.

Namoota sadii itti gaafatamummaa irra baase.
Daani'eel warra sadan keessa isa tokkoodha.

Mootiin Daariyoos Daani'eeliin baayyee kabaja, mootummaa hunda irratti akka inni bulchaa taasisuuf yaada qaba.



Geggeessitooti biroon hinaaftota. Mootiidhaan walitti buusuuf Daani'eel keessaa dogoggora barbaaduutti karoora baasu garuu waan dogoggora ta'u argachuu hin danda'an.

Hamma fedhe isaan hayaalan iyyuu malee mootiin Daariyoos waan badaa Daani'eel irratti hin argine. Daani'eel waan hudumaa raawwate keessatti mootiidhaaf dhugaadha. Akkasumas, of eeggataa fi cimaadha, haga danda'ameefitti yeroo hundumaa waan hojjetu haala baayye gaarii ta'een raawwata.

Geggeessitooti hinaafoon Daani'eeliin kiyyoo keessa galchuuf karaa tokkitti duwwaa beeku. Waaqa Israa'eliin waaqessuu irraa waanti isa dhaabu tokko illee lafa kana irra akka hin jirre in beeku.

Diinoti Daani'eel yaadaa karoorsan. Seera haaraan mootiin mallattaa'ee akka labsamuuf qopheessan. Namin kamiyyu sagaduu kan qabu mooticha Daariyoos qofaaf jedha seerichi. Namin labsii kanaaf hin abboomamne boolla leencaatti in darbatama.

Seera haaraa mootiin
Daariyoos raggaasise.

Seerri haaraan qophaa'es garaagarumma Daani'eeliif isaan gidduutti uumame irraa ka'uun. Waan yeroo hundumaa hojjetu raawwate Daani'eel. Foddaa banaamaa cinatti guyyaatti si'a sadii jilbeemfatee Waaqa isa waaqa iraa kadhata.





Geggeessoti hinaafan sababa uumanii Daani'eeliin yakkamaa taasisuuf ariitiidhaan oduu waa'ee Daan'eel bittinneessan. Mootiin Daariyoos Daani'eelii hiisisuudhaan alatti filannoo biraa hin qabu.



Seerichaa abboomamuun dirqama. Daani'eel du'uu qaba. Mootichi isa oolchuuf hamma isaaf danda'amu yaalus, seericha jijjiiree daandii ittiin isa oolchu argachuu hin dandeenye.

Himatamee boolla leencaatti darbatamee akka du'uuf Daani'eel himatame. Utuu Daani'eel boolla leencota beela'anii jiranitti hin darbatamin dura Mootiin Daariyoos, "Waaqin kee, inni ati utuu addaan hinkutin tajaajiltu sun si haa oolchu," jedheen.

Halkan san hirribn ija mootii irraa baqate. Ganama akkuma lafti bar'een mootichi ka'ee aritiidhaa gara boolla leencotaa dhaqe.





Mootiin Daariyoos iyyee, "Daani'eel, garbicha Waaqa jiraataa, Waaqin ati utuu addaan hin kutin tajaajiltu leencotaan nyaatamuu si oolchee ree?" Inni garuu deebiin Daani'eel biraa naaf deebi'a jedhee hin eegine ture. Garuu Daani'eel deebii laateef.

Daani'eel iyyee, "Mootii Waaqin koo ergamoota isaa ergee afaan leencotaa cufe, kanaaf anatti hin buune! Akkasumas ani fuula kee duratti cubbuun hojjedhe hin qabu."

Mootiin Daariyoos itti tole! Daani'eel boolla leencaa keessa akka ba'u ajaje.



Waaqayyo Daani'eel oolchuu, diinni Daani'eel diina Waaqayyo ta'uu mootiin hubate. Warri Daani'eeliin yakkuuf seera badaan akka ba'u gochuun mootii mallatteessisan hundumtuu boolla leencaatti akka darbataman ajaje hundumti isaanii leencaan nyaataman.

Mootiin Daariyoos Waaqa isa waaqa irraa amantii guutuudhaan isa warra tajaajilu Daani'eeliin oolche biyyi lafaa hundumtuu beekuu qabdi jechuu mootichi dubbate. Namin hundumtuu Waaqa isa jiraataa akka waaqessaniif xalayaa barreessee ajaja dabarse. Mootichi Daariyoos Daani'eeliin kabajaan geggeessummaa isaa duraatti deebi'e.

Daani'eel fi Boolla Leenca

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu kan keessatti argamu

Daani'eel 6

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130


Xumurameera

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16